Deraraa Baqqalaa 2012



... Namoonni tokko tokko akka mucaa Abbaa Boonje sin taasisin jedhani si eebbisu. Ilmi abbaa Boonjee mucaa angafaati. Dheera Qallaadha kan sin dhibu bifaan gurraacha ta'uu isaa irraan kan ka'e galgala dukkana keessa gaafa deemu Ilkan Isaa qofaatu sitti argamaa. Kanuma irraan kan ka'e ijoolleen naannoo keenyaa (Gurroo) jedhaniit waamu garuu inni maqaa isaa isa Bonjaa irraa gara (Bonjee)tti jijjiirame jaalata.

Gurroon ilmii abbaa bonjaa kun anga kutaa 10ni barateera jedhama.. garuu namoonii baay'een barumsa isaa kana hin amannee,innimtuu waan amane hin fakkaatu... guyyaa tokoo dargaggoo naannoo keenyaa waliin waa'ee barnoota 'Geographi' odeessu Aardiin Afrikaa biyyoota meeqa qabdii jedhe Ilmi Abbaa Xilahun.. Xilee jedhameet beekkama naanno keenyatti mucaan kun Abban isaa miseensa mootummaa parti biyya bulchuu waan hin taanef yeroo mara Kaabineen ganda keenyaa Ni qoccolu, jechan ni cunqursu. innis isaanif hin tolu Walga'ii isaanii irratti baay'ise hin hirmaatu gaafa hirmaateyyuu waa'ee tokko shane,akkasumas Oomisha midhaanii Fi kilaasteran facaasuu irrati jabeessee morma. Maalifii lubbuun Ilmaan iyyeessaa otoo rasaasan ajjeefamu dura waa'ee lubbuun jiraachuu irrati xiyeefachu qabnaa jedha. Gara gaaffii Ilma abba xileefi deebi Bonjettan isn deebisa.

Bonjeen waanuma hundelatti ni jarjaraa gaaffii Aardin Afrikaa biyyoota meeqa qabdii jedhuf waa'ee godinoota oromiyaa 20 mo 19yu jedhe deebise. Ilmi abba xilee Akka Bonjeen dogoggore beekeetuma, ittifufee maqaan isaanii maal jedhamu? jedhe gaafaten

Bonjeenis :Arsi,Wallagaa,Boorana, baale ,Jimma...Jedhee itti fufuuf yaale... Gidduun mucaan Xiqqoon naannoo keenya fiigaa dhuftee

afuura baafachaa Gullooo ... Gulloo ...Gulloo (Gurroo jechuishiti)

''Oo jedhe Gurroonis jechaan Bonjeenis

''fuuldulatti maal ta'u balbaaddaa?'' jedheen mucaan xiqqoon kun gaaffi kana maaf akka gaafate ifa nuuf hin taane.

Bonjeenis ''shufeera'' jechun deebisef

Deraraa Baqqalaa 2012



Mee isuma dhugaan sin jedhaa jedhe ilmi abbaa Xilee Arraba isaa isa akka Ibiddaa nama gubu sanaan ati namnii Manaa baatee manatti deebi'uu hin dandeenye, Namnii waggaa 10 Barattee Maqaa kee hin barreessine FARDOOTA faranjii Oftee galchuufi jedheen (Konkolaataadhan fardoota faranjii jedha ilmi abbaa xilee.) Bonjeenis "Farardootan oofa yooman siin jedhe Makiiinan Oofa malee" jedhe sagalee isaa furdaa sanaan. Haa ta'ukaa Jedhe afuura xiqqoo baafatee ilmi abbaa xilee sanyii abbaasaa waan hunda yaadaan dursee... isa Bonjeen eeyyama konkolaachisumma fudhatee Uummata kana Oofu yaade yaaddon keessi isaa waxalamee lubbuun namoota, balaa konkolaatatin dhumuu itti yaadatamee. Dargaggeessi ,dargaggeettin karaatti caba yeroo maleen hafan yaadee... Mee amma immoo Abbaa bonjaa waliinan wal isin bariisa

Abbaan Bonjaa qotee bulaa ganada keenya keessaa sararaan facaasuufi kilaastera misoomaa isa jedhan kana ordofa tv OBN malee hin ilaaluu. Qonnaaan bulaa adda duree jechuun badhaafameet ture bara Muktar kadir Keessa. Ijoollee isaa baay'ee jaalata. Akkaa kaabinoota ganda keenyaa dafqa Uummataan biiraa dhuguu jaalatanii. Ilmi isaa bonjaan guyyaa tokko waan raajii Itti ta'u isa gaafate. Maalifii Ilmi koo waan karoora jedhamu Ni qaba jedhee waan hin yaanneefi abbaa Bonjee tti raaji ta'e. (Garuu meeqan keenyatu karoora qabaa Hin beeku ani)

"Abbaa"Jedhe bonjeen

"Oo ilmakoo na waamteyii?"

"Eeyyee Abbaa waan tokko si gaafachun barbaada "

"Na gaaffu maarree ilma koo"

"Ani konkolaachisummaa barachuun barbaada"

"hu hu huu" jedhee kolfe abbaan Bonjee"

"Abbaa maaf natti kofaltaree waannan si gaafadhe naaf hin deebiftuu"

"Ilmakoo Gaaffii Gaafatani deebi dhabuun anaaf si gidduu qofaatti kan jalqabe sitti hin fakkaatin" jedhe.... ani garuu gaaffii Keenya, gaaffii qeerrof qarree gaaffii,qonnaan bulaa ,gaaffii barattootaa kan lubbuun Itti badeen yaadadhe.

Deraraa Baqqalaa 2012



... Maarree ilmakoo konkolaachisaa ta'uf yaadun kee waan gaaridha garuu gaafa baratte maal ittin konkolaachistaa jedhe Abbaan bonjee.

"Ati Konkolaataa Uummataa hin bittuuree akka abba abaluutti" jedhe Namicha naannoo keenya tokko waamet.

"Anillee konkolaataa waanan bitu natti hin fakkaatu Garuu wan karoorakee sin barsiisa, Tarii Wajjirri qonnaa ganda keenyaa Tiraakteera qonnaa Sinif kennama nuun jedhaniiru isa oofta" jedhe Abbaan bonjee.

"Hayyee Aabbaa "jedhe Bonjeen garuu keessa isaatti Tirakteera oofuun waan itti tole natti hin fakkaatu garuu dura Eeyyamicha fudhanna jedheetuma fakkata kan itti waliif gale.

"Kanaa ta'ee barumsa kana akkam gootaa" jedhe abban bonjee gidduun waa'ee barumsaa yaadatee.

"Inni rakkon qabu abbaa " jedhe bonjeenis

"Garuu Maal sif godha barattes barachuu baattes sanuma.. jedhe waan baay'ee yaadee baasee buusee.. Garaa isaa keessatti,, Ogganaan Biroo misooma,Ogganaan biroo barnootaa..Ogganaan biroo,, Dhaabaa sadarka barnoota isaani yaadatee fakkaata Afuura dheera baafatee..... Anaan kan na dhibu garuu biyya kana keessati anga yoomiittii namni akka barnoota isaatti kan hojii hojjetee biyya jijjiiru jedhen of gaafadha.. ofuma kootimmoo gaafa siyaasni biyya keenyaa tooratti galee sirreeffamekaan ofiin jedhe.

Bonjaanis turtii ji'a ja'aa booda Eeyyama konkolaachisaa fudhate dhufee. Akkamitti fudhateen qorumsa darbeetii waanni jedhu anaafis naamoota naanno keenyatiifis gaaffiidha.

Abbaa bonjaatifis Tiraakteerri kennamee akkaataa itti fayyadama isaas Mootummaa naannoo keenyaatu Sirna kennaa tiraakteraa kana irratti itti agrsiisee. Garuu kan sin dhibu motummaan naannoo keenyaa irraa namni dhufee abbaa

Deraraa Baqqalaa 2012



bonjaatti agrsiisuf yaadet miti 'media' jecha waan kana yaale. Garuu anaga yoomittii 'media'f jecha Uumta gowwomsuun kun .

Abban bonjaas battaluma sanatti bare (Qaxaleedham abbaan bonjaa)

Bonjaanis Tiraakteeraa Oofuu hin dhaqnee magaaluma naannoo keenyaa keessa mana puulii irra naanna'aa oola anga abbaan bonjaa konkolaata uummataa Bitee ilma isaa bonjaa kana Oofsisutti.. Abdiin jiraachun isa qofaa irratti eegaleeree ? Namoota baayyedha har'a waan baay'ee hojjechuu osoo dandeenyuu, Abdiidhan jiraacha akka saanbusaa kan maramnee ta'aa oolu baay'eedha.

Waa'ee Bonjeen konkolaachisaa Uummataa oofuu kana ani ammuma irraa ka'een yaadda'a jira. Maalif sinitti fakkaate Uummaanni miskiinni kun Shufeera akkanaa kanaan akkamitti Ooffamaa jedheen.

Garuu isin kana yaaddani beektuu (Konkolaachiftootaf gaafa eeyyama kennaan, uummatas arrabsaa, Gatii humnaa olii itti dabalaa, umna konkolaataan olitti fe'a) jedhuuyii laata Dhaabbanii Eeyyam konkolaachisummaa kennan... Kun gaafii kooti yoo danda'ame Bonjaa gaafanna waa nama dhoksuu hin beeku nutti imuu danda'a Suuta jenneet.

Namoonni naanno keenya immo Ilmi abbaa xilee kun Osoo barattee jiraatte jedhu konkolaachisummaa kana. Garuu ilmii abbaa xilee ani Konkolaachisummaa baradhee hin konkolaachisuu jedha. warra konkolaachisummaa barate sirreessuf fi seera tiraafikaa eegsisee lubbuu balaa konkolaatan guddattuu keenya,barattoota abdii boruu sabaaf ta'an Aadhaa fi Abbaa ijoollee irraa du'an maatii diiggamu sababa ga'umsaa konkolaachistootani du'an baraaruf Tiraafikan ta'aa jedha.

Yaada Xilee kana irratti sodaankoo garuu akkuma tiraafika naannoo keenyaa Jaanboofi Foon jiidhan lubbuu Uummataa irratti qoosu akka Nujalaa hin taanen sodaadha malee yaannisaa gaaridha,namas ni onnachiisa. Bay'een keenya otoo akkasitti yaannee, Konkolaachistooni keenyas akkasitti osoo nuuf yaadani lubbuu keenya Itti kenninee deemnu seeran baatanii ga'umsa isaanis gabbifatanii otoo Konkolaachisanii gammachuu keenya hundaati.

Deraraa Baqqalaa 2012



dhuma irratti maal jechuu barbaadeenii Namoonni akka bonjaa Konkolaataa uummataa hin oofinaa,Warrii eeyyama konkolaachisaa keenitanis adaraa akkaataa itti bonjaaf kennittan adda nuuf baasaa, Maalaanmaltummaadhan eeyyama kennitani Lubbuu keenyatti hin qoosinaa, tiraafikiin naannoo keenyaa sunis garaakef osoo hin taane Uummatakeef hojjedhu, dargaggoon naanoo keenya fi naannoo keessanii warri hafes akka Ilama Abbaa xilee akka ta'an nuuf jajjabeessa



Kutaa Itti Aanuti Waa'ee Intala Abbaa Bonjee Daasureefi Iriyoota ishii waa'ee Dhiironni bakka Arganitti fincaan fincaa'an irratti marii taasisan isiniif barreessa.

Angasitti Egaa Nagaan Kilaasteraaf sararaan faca'e Gumbii keessan haa Guutu